

Biiron Qoorannoo Fayyaa Ramsey County miseensonni maatii yeroo namni jalaa du'etti gara laafinaa/kunuunsa fi hubannoo itti agarsiisa; kunis yeroo isaan qorannoo du'aa ilaalchisee seera naannichaa kabajaniidha.

Minesotaa keessatti duuti tasaa fi hin eegamamin hundi, akkasumas duuti sababa uumamaatiin ala uumamu akkaataa Seera Naannoo Minesotaa 390.11 tti Biiroo Qorannoo Fayyaatti gabaafamuu qaba.

Gaaffilee biroo yoo qabaattan, barruu/biroosharii kana irratti uwwisa hin laannu, maaloo 651-266-1700 irratti nu qunnamaa.

Biiron Qoorannoo Fayyaa Ramsey County bulchiinsa Ramsey, Washington fi bulchiinsawwan Minesootaa keessa jiran kanneen birootiif akka qorataa fayyaatti tajaajila. Akkasumas biirichi ogeessa sababa du'aa qoratu/koronarii, qorataa fayyaa fi Minnesota fi Wisconsin guddaa keessatti qaamolee seera raawwachiisaniif tajaajila foorensikii ni dhiyeessa.

300 University Ave. E.
Saint Paul, MN 55130
651-266-1700

RCMedicalExaminer@ramseycounty.us

ramseycounty.us/MedicalExaminer



KAN MIRKANEESSE:

The National Association of Medical Examiners and the International Association of Coroners and Medical Examiners.

RAMSEY COUNTY
MEDICAL EXAMINER'S OFFICE

**ADEEMSA
QORANNOO
DU'AA**

Qorannoo du'a nama namni jaalatamaan jalaa du'ee ilaalchisee gaaffilee fi deebii.

ramseycounty.us

 **RAMSEY COUNTY**
Medical Examiner

 **RAMSEY COUNTY**
Medical Examiner

Ragaa Du'aa akkamittan fudhadha?

Yeroo heddu ragaa du'aa kan dhiyeessu mana awwaalaa ati filatteedha. Iyyata ragaa du'aa guutudhaaf/xumuruuf Biiroo Kenniinsa Ragaalee Bu'uuraa Fayyaa Hawaasaa kan naannoo yookin biyyaa bira dhaqii.

Qorannicha kan gaggeessu eenyudha?

Qorattoota yeroo guutuu 10 keessaa tokko yookin qorataa olaanatu qorannicha gaggeessa. Qorattoonni kun guyya torba guutuu, sa'aatii 24 guutuu hojiirra jiru. Qorattoonni fayyaa fi gargaarttonni akka ilaalaniif qorattoonni kun odeeffannoo nama du'ee ni sassaabu. Hojjattoonni qorannoo hundi akka teeknishaanotatti hojjachuudhaan dabarsu; kan leenji'anis qorannoo du'aa irratti. Namoonni kun American Board of Medicolegal Death Investigators dhaan ragaan kan kennameefidha.

Yeroo hunda qorannoon reeffaa ni gaggeeffamaa?

Lakki. Yeroo heddu qorannoon reeffaa hin barbaachisu. Qorannoon reeffaa kan barbaachisu hawaasa ni fayyada yoo ta'ee fi sababni du'aa mal akka ta'e qorannoo cimaa gaggeessufidha.

Qorannoon reeffaa yoom beekama?

Erga qorannoon reeffaa xumurameen booda, bu'aan qorannoo torban jahaa hanga saddeetii gidduutti ni beekama. Qorannoon laaboraatoorii dabalataa yoo barbaachisaa ta'e ammoo bu'aan qorannoo yeroo dheeraa fudhachuu danda'a.

Miseensonni maatii gabaasa bu'aa qorannoo fudhachuudhaaf seeran eeyyamameef, 651-266-1700 irratti biiroo keenya qunnamuun koppii tokko gaafachuu danda'u.

Qorannoon reeffaa yoo barbaachise, eessatti gaggeeffama?

Qorannoon reeffaa hundumti isaa Biiroo Qorannoo Fayyaa Ramsey County kan 300 University Ave. E, Saint Paul tti argamutti taasifame. Iddoon biirichi itti argamu gamoo Regions Hospital tti aanee walakkeessa Saint Paul dha.

Eenyutu qorannoo reeffaa gaggeessa?

Qorannoon reeffaa hundi kan gaggeeffamu ogeeyyii/paatolojistoota foorensikii fi gargaarsa teeknishaanota foorensikii Biiroo Qorannoo Yaalaa keessa hojjataniini. Ogeeyyiin/paatoologistoonni hundinuu ogummaa/paatoologistii forensikiitiin kan leenji'an yoo ta'u, qorannoo du'aatiin muuxannoo guddaa kan qabaniidha.

Qoarnnoota reeffaa yoom gaggeeffama?

Yeroo heddu qorannoon reeffaa kan gaggeeffamu, guyyadhuma gabaasni dhiyaate sanaadha. Reeffa sana gara birottii geessuf yeroon dabalataa ni barbaachisaa ta'e, qorannicha gaggeessuun turuu danda'a. Guyyaa gabaasni du'aa dhiyaate sanaa kaasee qorannicha sa'aatii 24 keessatti xumuruuf carraaqqin hundinuu ni taasifama.

Tishuu arjoomuun ni jiraataa?

Eeyyee. Biiroon keenya arjooma tishuutiif Life Source waliin hojjata. Fedhii nama du'ee fi miseensota maatii simachuudhaaf tattaaffiin hundi godhameera.

Qorannoo reeffaa irratti mormii kaasuu nan danda'aa?

Eeyyee. Reeffa irratti qorannoon maaliif akka gaggeeffame gaaffii yoo qabaatte yookin amantii kee irratti hundaa'uun mormii adda ta'e yoo qabaatte, 651-266-1700 irratti biiroo keenya qunnamuun qorataa waliin haasa'uuf gaafadhu. Fedhii maatii guutuuf tattaaffiin hundi yommuu godhame, murteen dhumaa hojii seeraa biirichaa fi gadi fageenya qorannoo du'aa taasifamaa jiru irratti hundaa'a.